

**Daa'imman Yeroo Guddisanitti Gufuuwwan  
Nama Muudachuu Danda'an Keessa Darbuu**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii  
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

***Bara 2012***

## **Qajeelfama waliigalaa**

**Kaayyoo leenjichaa:** leenjii kanaan booda maatiin/guddiftoonni akkaataa daa'imman itti guddisaniifi gufuuwwan isaan muudachuu danda'an akka itti jala darbuu danda'an ni beeku.

### **Hirmaattonni leenjichaa:-**

Hirmaattonni leenjichaa kanneen eegaman ; Barsiisota, hojjattoota dhaabbilee daa'imman kunuunsu keessa hojjatan, akkasumas maatiifi guddiftoota daa'immanii kanneen ta'aniidha.

### **Keessa deebii**

Leenjii jalqabarratti leenjitoonni hunduu waan yeroo darbe baratan yaadachiisuuf akka gargaaru hirmaattota lamaan yaada ijoo marii yeroo darbee akka dhiheessan gaafachuu

Fakkeenyaaf:-

1. Yeroo darbe kan irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Akkaataa mata duree yeroo darbe irratti mari'achaa tureen mana keessanitti ijoollee wajjiin maal gootan? Rakkoon isin muudate jiraa?
3. Barumsa guyyaa darbee olla keessan hubachiiftanii jirtuu?

### **Madaallii jalqabaafi xumura leenjichaa irratti**

Tokkoon tokkoo leenjitootaa **mata dureen** leenjichaa osoo hinjalqabin madaalliin ni gaggeeffama. Leenjicharraa hubannoo isaan argatan madaaluuf dhuma mata duree hundaatti madaalliin ni gaggeeffama.(nikennama)

### **Danbiwwan Waliigalaa Leenjichaa**

Guyyaa jalqaba leenjichaa seerota leenjicha akka armaan gadiitti hirmaattotaaf haa beeksifamuu

- Teessoon leenjitootaa akkaataa walakkaa geengoo osoo taa'aanii akka filatamu beeksisuu
- Mari'achiisaafi hirmaattonni walbaruun itti fufa.
- Yeroon argamuu

- Yeroo leenjichaa mobaayila cufuu
- Wayitii leenjii hundaa argamuu akka qaban
- Dammaqinaan hirmaachuu akka qaban
- Yaada namoota biroo kabajuu akka qaban
- Yeroo keessa deebii tokkoon tokkoo guyyaa keessatti waan yeroo darbe baratan ilaalchisee ibsa isaa hirmaattota lama filachuun daqiiqaa shaniif mari'achuu
- Iddoo leenjii qopheessuu:- tokkoon tokkoo guyyaa keessatti qindeessitoonni leenjichaa daqiiqaa kudhaniif iddoo leenjichaa ni mijeessu
- Nama yeroo hordofu filachuu

### **Meeshaalee barbaachisu**

- Kitaabilee durdurii/seenaa umrii daa'immanii giddu galeessa godhatee qophaa'ee jiruufi kitaabilee
- LCD Pirojekterii fi kompiiteera(Yoo danda'ame)
- Gabatee gurraacha itti barreessuufi mijataa ta'e ykn chaartii Filippii
- Maarkeera
- Qalamaafi dabtara yaadannoo
- Barruu gaggabaaboo tamsaasuuf/raabsuuf mijattu

### **Daa'imman yeroo guddisanitti gufuuwwan nama muudachuu danda'an keessa darbuu**

Kitaabni kun ijoollee yeroo guddisan gufuuwwan nama muudatan akkamitti keessa darbuun akka danda'amu yaada bu'uuraafi bal'inaan odeeffannoo isaa nu qabsiisa.

#### Gabatee Sagantaa Gochaawwanii

Qabiyyee	Mala ittiin barsiifamu	Yeroo
Madaallii leenjiin duraa	Waraqaa gaaffilee hiruu	Daqiiqaa 15
Kaayyoo leenjichaa	Dubbisuufi mari'achuu	Daqiiqaa 4
Daa'ima tokko guddisuu keessatti gufuuwwan muudachuu danda'an maalfa'i?	Gaaffiifi Deebii, Ibsaan	Daqiiqaa 60
Shaakala qabatamaan agarsiisuu	Gaaffiifi Deebii, Ibsaan	Daqiiqaa 20
Ergaalee ijoo	Gaaffiifi Deebii, Ibsaan	Daqiiqaa 5
Maatiin lamaa daa'imman akkaataa itti	Gaaffiifi Deebii,	Daqiiqaa 60

guddisan keessatti rakkoo isaan muudatu akkamitti keessa darbuu danda'u?	Ibsaan	
Shaakala qabatamaan agarsiisuu	Gaaffiifi Deebii, Ibsaan	Daqiiqaa 20
Yaada/Ergaa ijoo	Gaaffiifi Deebii, Ibsaan	Daqiiqaa 5
Madaallii leenjiin booda	Waraqaa Gaaffii raabsuun	Daqiiqaa 15

Kaayyoo leenjichaa:

Marii kanaan booda hirmaattonni:

- Daa'imman karaa hundaan guddina isaanii dadammaqsuuf akkaataa guddina daa'immaniirratti gufuuwwan isaan muudachuu danda'an in ibsu
- Akkaataa daa'imman itti guddisanirratti gufuuwwan muudachuu danda'an furuun bu'aa qabeessummaa isaanii gahee olaanaa qaba waan ta'eef ogummaa gara garaa ni argatu

**Kutaa Tokko:** Ijoollee guddisuu keessatti gufuuwwan jiran maal fa'i?

Yeroon ramadame : Daqiiqaa Jahaatama

Marii yeroo darbee yaadachiisuu(Daqiiqaa Shan)

### **Mari'achiisaa**

Hirmaattota sadii affeeruun gaaffiiwwan armaan gaditti dhiyaateef yaada ijoo ta'e akka yaadachiisan gaafadhu.

Hirmaattotaaf gaaffiiwwan mariif dhiyaatan:

1. Yeroo darbe wantoonni irratti mari'achaa turre maalfi'i?
2. Akkaataa marii keenyaatiin manneen tokkoo tokkoo keenyattiifi olloota keenyaatti gochaawwan maal maal raawwanne?
3. Muuxannoo keessan hawaasa olla fi naannawa keessan jiraataniif kennitaniittuu/hirtaniittuu/leenjiftaniittuu?

### **Mari'achiisaa**

Hirmaattota dadammaqsuuf yeroo daa'ima guddisan gufuu muudatee akka tarreessaniif hirmaattota lama qofa affeerii yeroo isaa dhiheessan gabatee gurraacharratti barreessii yaadolee armaan gadiitiin walbira qabaa itti himaa.

1. Hiyyummaa
2. Naannanawatti nyaanni madaalamaan qixa barbaadamuun argamuu dhabuu
3. Daa'imman amma dhalataniif sirna nyaataa gahaa yookiin madaalamaa nyaachisuu dhabuu
4. Haala rakkoo haadholii daa'immanii muudachuu danda'u
5. Hiriya malee daa'ima qofaa guddisuu
6. Hanqinni yeroo muudachuu
7. Dhiibbaa barmaatilee miidhaa qaqqabsiisani
8. Waa'ee adabbiifi miidhaa daa'immanii irratti hubannoon gadi aanaa hawaasa keessa jiraachuu
9. Biyya keenya keessatti barnoonniifi tarsiimoon deeggarsa maatii dhabamuufi haalli itti biraan gahan dhabamu
10. Dandeettii maatii hir'achuu
11. Daa'ima dhalootaan ulfaataa ta'an yookiin *rakkoo amalaa* kanneen qaban rakkooleen kun kan hinfuramneef jiraachuu
12. Qaamni haadholii dadhabuufi miira dhabeessa ta'uu

Maatiin yeroo daa'imman kunuunsan gufuuwwan isaan muudatu

### **Mari'achiisaa**

Qabxiwwan armaan olitti ka'an tokkoo tokkoo isaanii kaastanii ibsa gahaa kennuu qabdu.

#### **1. Hiyyummaa**

Qabeenya gadi aanaa ta'een fayyummaafi fedhii nyaataa daa'immaniif guutuun /mirkaneessuun gufuu guddaadha.

## **Mari'achiisaa**

Namoonnii biyya keenyaa baay'een galiin isaanii baa'ee gadi aanaa waan ta'eef daa'imman nyaata madaalawaa haala gahaa ta'een nyaachisuu dhabuurraa kan ka'e daa'imman hanqina nyaataatiif saaxilamu.

Akkuma ta'es ta'u namoonni hiyyummaa keessa jiraatan dhaabbilee fayyaa mootummaarraa bilisaan yaala haa argatanis akka biyyaatti kanneen rakkoolee yaala addaa barbaadaniif ogeeyyiifi meeshaan tajaajila ittiin kennan hinjiru. Kanaafuu maatiin jireenya gadi aanaa keessa jiraatan daa'ima isaanii gara magaalota dhiheenya isaanii jirutti geessanii yaalchifachuu hindanda'an. Hiyyummaafi hoji dhabdummaan sababoota lamaan fedhiin ijoollee akka hinguunneef hidhata qaba. Sababni jalqabaa, maatiin hiyyummaa keessa jiraniifi hojii hinqabne yeroo dheeraa kan itti dabarsan hojii barbaaduu ta'uu isaati. Sababni lammaffaan immoo maatiin jireenya gadi aanaa keessa keessa jiraatuufi hojii kanneen hinqabne rakkoo tureefi fedhiin bu'uuraa waan hinguutamneef miira gaddaa, dallanuufi cinqamuu, kkf saaxilamoota waan ta'aniiffedhii ijoollee isaaniitiif iddoon kennaniif baay'ee gadi aanaadha. Kanaafuu hiyyummaa kan uuman sababoota lamaan kanarraa kan ka'e daa'imman karaa salphaan akka saaxilamoo ta'an taasisa. Dabalataan, dandeettii dhabuurraa kan ka'e maatiin daa'immaniif galtee barbaachisu dhiheessuu dadhabu. Maatiin kunuunsi kunuunsi daa'immaniif carraaqqiin godhan gadi aanaa waan ta'eef fedhiin daa'ima akka hinguunne godha.

Kunis daa'imman hir'ina qaamaafi rakkoo amalaatiif isaan saaxila. Dhumarrattis fedhii guuttachuufis tattaaffiin isaan taasisan naannoo rakkoolee qabaniif saaxilamuuf sababa ta'uu ni danda'a.

## 2. Naannawa keenyatti nyaanni madaalawaan qixa barbaadamuun argamuu dhabuu

### **Mari'achiisaa**

Akka biyya keenyaatti iddoo baay'etti guddina daa'immaniif nyaanni madaalawaan barbaachisu haala gahaa ta'een hinargamu. Nyaanni dhukkuba tokko tokko ittisu fi qaama ijaaruufi Fuduraaleefi Kuduraa albuudaa of keessaa qaban iddoo hundatti hinbiqilu. Namoonni naannoo Fuduraafi Kuduraan itti biqiluu danda'u jiraatanis faayidaan oomishuu isaanitti hinmul'atu. Karaa biraan akaakuu nyaataa tokko tokko FKN:- Foon handaaqqoo, killee, qurxummii gatiin isaanii olka'aa waan ta'eef maatiin haala salphaa ta'een argachuu hindanda'an. Ganda tokko tokko keessatti fuduraafi kuduraa gabaa irraa argachuunis hinrakkisa. Karaa biraan maatiin daa'immaniif gosa nyaataa barbaadan argachu yoo dhaban daa'immaniif nyaata sana kennuu dhaabu. Maatiin humna qabu yeroofi qarshii gahaa ta'e wareegee gara inni itti argamu deemuun bitee dhiheessa. Maatiin naannoorraa gosa nyaataa barbaadan yoo hinarganne; gosa nyaataa walfakkaatu haala salphaa ta'een argamu kan barbaachisuu olitti oomishu. Kun immoo daa'imman nyaata walfakkaataa qofa nyaataa qaamaafi sammuum akka hinguddanne taasisa

## 3. Daa'imman amma dhalataniif sirna nyaataa madaalamaafi gahaa hintaa'e nyaachisuu

### **Mari'achiisaa**

Haadholiin daa'imman isaanii aannan harmaa hoosisu. Haa ta'uu malee, haadholiin baay'een daa'imman isaanii haala gaarii ta'een hinhoosisan. Haadholiin guyyaa guutuu hojii dadhabsiisaa hojjachaa waan oolaniif daa'imman isaanii hoosisuuf yeroo gahaa hin argatan. Dabalataanis haadholiin baay'een nyaata gahaa waan hinarganneef harmi isaanii aannan hinqabu. Haadholiin tokko tokko yeroo daa'ima isaanii harma hoosisan hin argatan, akkasumas hojiif dursa waan kennaniif ji'a jaha osoo hinguutin harma guusu. Karaa biraan immoo haadholiin rakkoo qaban nyaata dabalataa bituu waan hindandeenyeef aannan xiqqoo ji'a jahaan booda yeroo dheeraaf hoosisu. Isa kana haadholiin gahaadha jedhanii yaadu. Kanaafuu daa'immaniif nyaata gahaafi madaalamaa yookiin nyaata hinbarbaachifne nyaachisuun guddina sammuu daa'immaniifi barumsarratti gufuu guddaadha.

#### 4. Beekumsi/Hubannoon maatii gahaa ta'uu dhabuu

##### **Mari'achiisaa**

Maatiin/Hawaasni baay'een beekumsa/hubannoo gahaa dhabuurraa kan ka'e waan ijoollee isaaniitiif ta'u murteessuurratti ni rakkatu. Maatiin hinbaranne fayyaafi nyaata daa'immanii dhiheessuun faayidaa qabaachuu isaa akka salphaatti hinhubatan. Kanarraa kan ka'e barsiisotaan yookiin ogeeyyii fayyaatiin ergaa darbaa jiru hubatanii raawwachuuf rakkachuu danda'u. Maatiin waa'ee fayyummaan guddachuu daa'ima beekumsi isaanii xiqqaa ta'uurraa kan ka'e ilaalcha sirrii hintaaneen wantoota madaalamaa hintaane ijoollee irraa eeguu danda'u. Daa'immaniif waan maatiirraa eegamu bahuu hindandeenyeef adabbiin kallattii hintaaneen irratti raawwatamuu nidanda'a. Maatiin ijoollee isaanitti aaruu yoo baay'isan fedhii ijoollee isaa hubachuu hindanda'an. Maatiin ijoollee isaa seeraan qabanis osoo hinhafin wantoota akka tasaa daa'imman muudatterraa ka'uun hubatanii ibsa gahaa kennuun amala daa'immanii wajjiin walqabsiisanii sirreessaa deemuurratti nirakkatu. Maatiin tokko tokko amala daa'immanii akkamitti sirreessuu akka qaban osoo hinyaadin abdi kutatanii itti dhiisu. Maatiin tokko tokko immoo har'as daa'imman kabajaan qabachuu dhiisanii ilaalcha akka qabeenya meeshaatti ilaaluun jira. Kanaafuu, maatiin hubannoo, gahumsaafi beekumsa dhabuurraa kan ka'e guddina daa'immaniifi barumsa isaaniirratti gufuu ta'ee lakka'ama.

#### 5. Hanqinni yeroo muudachuu

##### **Mari'achiisaa**

Maatiin baay'een fedhii bu'uuraa maatii isaatiif guuttachuuf jecha galii argachuuf jecha yeroo dheeraaf hojiirra turuu danda'u. Kanaafuu maatiin yeroo kennanii daa'imman isaanii wajjiin ooluu irratti gufuu olaanaa itti ta'a. Maatiin hanqina yeroo irraa kan ka'e hanqinna jireenya ijoollee isaa keessatti uumamu; hanqina nyaataa, hanqina qaamaafi amala isaanii fi fayyaa isaaniirratti dhalatu adda baasuu hindanda'an. Maatiin ijoollee isaatiif yeroo gahaa kennee hordofuu yoo hindandeenye ; ijoollee; balaa adda addaatiif saaxilamuu akkasumas namoota birootiin miidhaan gara garaatiif saaxilamuu danda'u. dhukkubni adda addaa daa'imman irratti kanneen mul'atan, jijjiirraa amalaa tokko tokko yoo mul'atu; haala salphaa ta'een kan hinmul'anne waan ta'eef daa'imman yoo guddataa deeman fayyaa yookiin amalli isaanii baduu danda'a. kanaaf, hanqinni yeroo guddinaafi barnoota isaaniirratti gufuu ta'uu danda'a.



## 6. Dhiibbaa Aadaafi Barmaatilee miidhaa geessisan

### **Mari'achiisaa**

Aadaan maatii tokko tokkoo daa'imman nyaata gosa adda ta'e tokko qofa akka sooratan murteessu. Daa'imman nyaata gosa tokko qofa soorachuun; guddina isaaniif kanneen fayyadaman fi dhibee ittisan viitaaminoota, albuudota yookiin nyaata ijaarsa akka hinarganne murteessa. Fakkeenyaaf, Baay'inni hawaasaa biyya keenyaa daa'imman kuduraafi fuduraa nyaachuun hinbaratamne. Kanarraa kan ka'e daa'imman baay'een hanqina vitaamiina "A" isaan muudata. Naannoo tokko tokkorratti maatiin tokko tokko daa'imman akkuma dhalataniin dhadhaa xuuchisuu, kanneen biro immoo dadammaqina daa'immaniif jecha buna obaasu. Naannoo tokko tokkotti immoo qaariboo/xallaa/ fi alkoolii waan qabaa/haraqee/ adda addaa daa'imman obaasuun barmaatilee ta'ee mul'ata.

Aadaa baay'ee keessatti immoo daa'imman namoota gurguddaa wajjiin callisanii akka taa'an taasisu. Kanaafuu marii maatii keessatti daa'imman yaada akka kennan hin hayyaman. Maatii isaani kanneen morman yookiin komii maatiirraa qaban ibsatan akka kashalabbee (durriyyee) tti ilaalamu(Lakka'amu). Maatiin tokko tokko immoo barmaatilee miidhaa geessisan ta'uu isaa hubatanis hawaasa keessaa akka hin banneef sodaatanii barmaatilee kana cimsatanii qabatu. Kunis guddina daa'immaniifi barumsa isaaniirratti gufuu guddaa qaqqabsiisa.

## 7. Qaamni haadholii dadhabuu

### **Mari'achiisaa**

Haadholiin baay'een hojii humnaa yeroo dheeraaf hojjatu. Karaa biraatiin daa'imman guyyaafi halkan deeggarsaafi kunuunsa haadhaa kan addaan hincinne barbaadu. Guyyaa guutuu mana keessatti dalagaa oolani; qaamaafi sammun haadholii dadhabee daa'imman kunuunsuuf gufuu itti ta'a.

## 8. Miirri haadholii rakkoolee adda addaaf saaxilamuu/uumuu.

### **Mari'achiisaa**

Haadholii tokko tokkoo da'umsaan booda sadarkaa giddu-galeessaan hanga sadarkaa olaanatti miirri gadduu; dallanuu, cinqamuu isaanirraa mul'achuufi isaan muudachuu danda'a. yeroo daa'ima jalqabaa dahan irraa eegalee rakkoolee sadarkaa giddu galeessaatti ilaalamuu danda'an haadhooliin baay'eerratti mul'ata. Yeroo tokko tokko haadhooliin guutumaan guututti rakkoolee to'achuu hindandeenye akkasumas daa'imman isaanii kunuunsuu sadarkaa hindandeenyeen rakkoon isaan muudata. Ta'us, rakkooleen kunniin haala salphaa ta'een miirri dhukkubbii kun yaalamuu danda'us, maatiin baay'een haala isaa hinhubatan. Rakkoon kun haala salphaa ta'een ogeessi fayyaa kan hiikuu danda'an ta'us maatii haadholii deeggaruu/gargaaruuf humna hinqabneef gufuu guddaadha.

Abbootiin warraa haadha warraa isaanii irraan dhiibbaa geessisaniin haadhooliin baay'een miira aariitiifi dallansuu isaan muudachuu akka danda'u beekamaadha. Abbootiin baay'een haadha warraa isaanii arrabsoofi qoccoluun darbee uleenis dhaanuurraa kan ka'e haadhooliin baay'een sammun aaruufi dallanuun kanneen saaxilaman kan beekamuudha. Abbootiin tokko tokko kanneen humni isaanii danda'us maatii ofiitiif qarshii deeggarsa gochuu dhabuu, akkasumas qarshii fiduun alatti daa'ima guddisuuf haadhooliin qofatti dhiisanii ilaaluun cinqii guddaan haadhooliirraan gahuu kan danda'an jedhamee sadarkaa olaanaarratti haalota ilaalamaniidha.

## 9. Abbaa/Haadha warraa malee daa'imman kophaa guddisuu

### **Mari'achiisaa**

Abbaa/Haadha warraa osoo waliin hinjiraatin kophaa daa'imman guddisan yeroo baay'ee jireenyaaf jecha wantoota isaan barbaachisu guuttachuuf ala waan oolaniif daa'imman isaanii haala gahaa ta'een hordofuu hindanda'an. Haalli kun, daa'imman balaa yookiin dhiibbaa gara garaatiif saaxiluu danda'a. Daa'immanis too'annoo maatiin alatti ganda keessa naanna'aa waan ooltuuf amala hintaane baratu.

Abbaan/Haati warraa osoo waliin hinjiraatin daa'imman kophaa isaa/ishee warri guddisan galiin isaanii gadi aanaa ta'uu danda'a. Galiin gadi aanaan immoo itti gaafatamummaa maatiirratti dhiibbaa guddaa uuma. Maatiin osoo waliin hinjiraatin kophaa(namni tokko) daa'imman guddisan deeggarsa qarshii dabalataan yoo argateen alatti jireenyi baay'ee itti ulfaata. Maatiin dhiibbaa jireenyaa qaban immoo sababoota xixiqqoon daa'imman isaanirratti dallanuu/cinqamuu, wantoota xixiqqoof loluufi dhidhippatoo ta'u.

## 10. Hawaasni adabbiifi miidhaa daa'immaniirratti hubannoo gadi aanaa qabu jiraachuu

### **Mari'achiisaa**

Hawaasa keessa waa'ee humna daa'immanii, qaama isaanii, gudeedamuufi miirri isaaniitiif hubannoon jiru baay'ee gadi aanaadha. Namoonni baay'een adabbiifi miidhaan daa'imman irraan gahan miidhaa umrii isaanii guutuu ta'uu isaa itti hinfakkaatu. Kanarraa kan ka'e miidhaa daa'immanirra gahu xiyyeeffannoo hin ilaalan. Maatii tokko tokko daa'imman seeraan akka guddataniif yeroo yeroon adabbii qaamaa akka isaan barbaachisu amanu. Inni kun haala qabannaa daa'immaniirratti seera kan hintaane (kan isaan miidhu kun) akka itti fufu taasisa. Irra deddeebiin miidhaafi qabiinsi seeraan alaa ta'e kun kan isaan muudate daa'imman xiinsammuuniifi hawaasummaa keessatti guddinni isaanii boodatti hafaadha. Daa'imman tokko tokko haala qabiinsa kanaan guddatan amalli isaanii sadarkaa olaanaan baay'ee rakkisaa ta'a. Irra deddeebiin daa'imman dhaanamaa/tumamaa/, adabbii qaamaa isaanirra gahaa yoo guddatan baay'ee ija namaa sodaatu/saalfatu/ yookiin dallansuufi lola kakaasaa ta'uun guddatu. Daa'imman haala kanaan guddatan kan gabbifatan amala hintaane maatii isaaniitiif gufuu guddaa ta'a.

**11. Daa'imman rakkoo qaama miidhamaa ta'ee ykn rakkoo amalaa kanneen qaban furamuufii yoo baate:**

**Mari'achiisaa**

Daa'imman rakkoo qaama miidhamaa yookiin amalaa kanneen qaban kan hinfuramneef gargaarsa addaa barbaadu. Daa'imman fedhii addaa qaban immoo deeggarsa/kunuunsa barbaadu. Haa ta'uu malee maatiin tokko tokko rakkoo kana hinhubatan. Qaama miidhamni ulfaataa ta'e yookiin rakkoo fayyummaa yookiin amala rakkisaa kanneen qaban daa'imman fedhii addaa qabaniidha. Fakkeenyaaf; dhukkuba gaggabsu, HIV/Eedisii, rakkoo agartuu ijaa, rakkoo dhageettii, rakkoo sammuu fi miidhama qaamaa qaamaa kaa'uun ni danda'ama.

Dhukkubni gaggabdoo dhibee tasa uumamuudha. Haa ta'uu malee irra caalatti yaalaan gutumaan guututti to'atamuu nidanda'ama.

Sababa kana ta'eef barmaatileen walqabatee wanti himamu odeeffannoo dogongoraa ta'uu isaa falmuun barbaachisa.

Daa'imman fedhii addaa qaban kunuunsa gahaa kennuufiin maatiif rakkisaa ta'uu danda'a. Maatiin guyyaa guyyaan rakkoolee baay'eetu isaan muudata. Rakkoolee isaan muudate kanaaf immoo fala barbaaduurra abdi kutachiisuudanda'a. Kanaafuu maatii gaddaafi cinqamutu isaan muudata. Maatiin daa'imman fedhii addaa qaban waliin yeroo dheeraa waan dabarsaniif jireenya hawaasummaa, jireenya ofii isaaniitiif maatii isaa kanneen biroof haala gahaa ta'een hordofuu yeroo hinqabaatan. Inni ku maatii tokko keessatti daa'imman biroof maal nadhibdeen waan itti fakkaatuuf walitti bu'iinsa maatiitiifis ka'umsa ta'uu danda'a. Yeroo tokko tokko immoo uumamaan yookiin yeroon booda rakkoo uumameen daa'imman dhibaman dhiibbaa guddaa maatiirraan waan gahaniif maatiin ijoollee jibbuu yookiin maalnadhibdeen uumamuu danda'a. Kanaaf maatiin cinqame tokko balaa adda addaaf isaan saaxiluu danda'a. Maatiin tokko tokko baay'ee cinqamuu irraa kan ka'e daa'imman isaa karaarratti gatu yookiin daa'imman maatii isaaniif jecha daandii irratti bahuuf sababa ta'uu danda'u.

## 12. Biyya keenya keessatti barnoonniifi tarsiimoon deeggarsa maatii dhabamuu

### **Mari'achiisaa**

Rakkoon tokko tokko humna maatiitiin danda'uu ol ta'a. Maatiin lammii Itoophiyaa kanneen hinbaranneefi jireenya gadi aanaa keessa waan jiraataniif hanqina beekumsaafi ogummaa qabu. Kana jechuun waan bareedaa ijoollee isaaniitiif ta'u hinbeekan jechuu keenyaa miti. Daa'imman isaaniif wantoota fayyadaan yoo beekanis guddina daa'immaniifi fayyummaa isaa waan ariifachiisuufi eegu ; waan faayidaa qabu kennuufiif ogummaa hinqaban. Carraa kanaan qaamni kunuunsa daa'immaniirratti hoojjatan , dhaabbileen mootummas ta'ee miti-mootummaan maatiin hanga hubannoofi ogummaa isaanii sadarkaa barbaadamurra gahuuf leenjiin idileefi deeggarsa gochuufiin barbaachisaadha. Miidhaan daa'imman irra gahu ka'umsi isaa mirga daa'immanii beekuufi kabajuu dhabuurraa akkasumas barmaatilee adda addaa miidhaa isaanirraan gahan beeku dhabuudha. Tarsiimoon barnootaa kan maatii dhabamuu, tarsiimoon jiraatus ogeessota dandeettii qabaniin waan hingaggeeffamneef maatiin dirqama isaanirraa eegamu akka hinbaaneef gufuu olaanaa ta'ee jira.

### **Shaakala Qabatamaa**

### **Mari'achiisaa**

1. Hirmaattonni garee saditti akka qoodaman itti himuun tokko tokkoo gareetiif barreeffama gaggabaaboo seenaa adda addaa kan ibsu dubbisiifi seenaasanarratti mari'atanii akka deebisan taasisi.
2. Hirmaattota keessaa gareef barreessaa akka filachiisan itti himuufi yaadolee dhiyaataniifio deebii hirmaattonni garee kennan walitti qabuun akka gabaasu haa taasifamuu.
3. Tokkoon tokkoo gareetiif walitti qabaafi barreessaan yaada walitti qabee dhiheessu filachu akka qaban itti himuu.
4. Hirmaattonni hunduu seenaa dhiyaateef irratti akka xiyyeeffataniif marii irratti hirmaannaa olaanaa hunduu akka taasisaniifi gaaffilee dhiyaateef deebii akka kennan itti himuu.

## Seenaa Tokko: Maatii Gooftaafi Immabeetii

Obboo Gooftaafi Aaddee Immabeet qonnaan bulootaa ciccimoodha. Obboo Gooftaafi Aaddee Immabeet ijoollee lama qabu. Daa'imti jalqabaa Biiftuu yoo jedhamtu umriin ishee waggaa shan. Daa'imti lammaffaan Tsahaay jedhamti. Umriin ishee waggaa sadii. Obboo Gooftaafi Aaddee Immabeet kan jiraatan baadiyaa magaalarraa fagoodha. Naannawa isaanitti kan oomishamu boqqolloo qofa ta'ee; dabalataan raafuu maramaafi dinnichaa qofadha. Kanaafuu kuduraafi muduraa adda addaa bitachuuf gabaa yoo deeman sa'aatii jaha deemuu qabu. Daandiin gabaa konkolaataaf mijataa waan hintaaneeff miila isaaniitiin deemu. Yeroo roobaa immoo lagnii fi haroon guutee waan hinceesifneef gabaa deemuu ni rakkatu. Kanarraa kan ka'e ji'a gannaa lamaan maatii isaanii daaboo daakuu boqqolloo irraa tolfameefi raafuu maramaa yookiin ittoo dinnichaatiin maatii isaanii nyaachifatu.

Ob/Gooftaafi Aaddee Immabeet maatii isaanii kan jiraachisaniin sanyii yeroo oomishaa argatan gurguratanii qarshii xiqqoo argataniin Aaddee Immabeet maatiif yeroo nyaata bitan qarshii akka hinqisaassessineef of eeggannoo olaanaa gooti. Aaddee Immabeet qarshii xiqqoo qabdu kanaan nyaata qaalii ta'e fooniifi hanqaaquu bituurra nyaata gatiin isaa gadi bu'aa ta'ee maatiin guutuun nyaachuu danda'an kanneen akka fuduraalee bituu filatti. Aaddee Immabeet fooniifi hanqaaquu bituun oomishni yeroo dhufuu osoo hingenye qarshiin akka jalaa hindhumne barbaadu. Kanaafuu ayyaana Faasikaafi waggaa haara irratti foon hoolaafi lukkuu nyaatame gahaa akka ta'etti yaadu. Hawaasni isaan keessa jiraatan keessatti maatiin hunduu yaada kanarratti walii galu.

Obboo Gooftaan amalli daa'imman isaa ittiin akka guddattu barbaadan kan isaan ofii isaaniitiin ittiin guddatan sanaanidha. Maatiin guutuun waa'ee maatii isaanii mari'atan daa'imman immoo callisanii akka taa'an ajaja dabarsu. Daa'imman qajeelfama abbaan isaanii itti kennan yoo cabsan uleen/shaaxxeen/ tumamu. Mana keessa keessummaan yoo jiraate immoo nama gurguddaa fuulduraa akka badaniifi(dhokatan) kutaa itti bilcheessan keessa akka taa'an itti himama. Daa'imman waan abbaan isaanii akka hojjatan ajaje hunda hojjachuu qabu. Daa'imman abbaa isaanitti deebii tokkollee deebisuu yookiin miiirri hintaane yoo itti dhagahame abbaarratti guungumuu hinhayyamamuuf. Ob/Gooftaan daa'imman karaa kanaan qabamanii yoo guddatan gaarii ta'u jedhanii amanu.

## **Seenaa Lammaffaa: Gufuulee Maatii Isheetuu Muudatan**

Isheetuun daa'ima waggaa jahaati. Waggaa sadirraa eegalee dhukkuba gaggabdootiin rakkata. Dhukkubni kun yeroo baay'ee dhukkuba likiftii/seexanaa/ akka ta'etti amanama. Warri Isheetuu yeroo baay'ee gara mana yaalaa aadaa deemuun qoricha adda addaa yoo argateeyyuu ammas irraa hinfayyine. Isheetuun irra deddeebiin kufaa waan tureef mataafi fuulli isaa akka madaa ta'etti jira.

Dhukkubni Isheetuu kun xiinsammuufi amala isaa baay'ee miidhee jira. Akkuma umriin dabalaa deemeen dhukkubni kunis itti cimaa akka deemu eegama. Guddinni sammuu Isheetuu baay'ee boodatti haffaa waan ta'eef yeroo hundaa nama isa kunuunsu barbaada. Isheetuun yeroo uffatu, yeroo nyaatu, yeroo mana fincaanii deemuufi akkasumas yeroo naannawa keessa socho'u nama isa ilaalu/hordofu barbaada. Maatiin Isheetuu yeroo hundaa wanta inni dalagu dammaqinaan hordofuu, ofiifi kanneen biroo yookiin qabeenya akka hin miine hordofuun barbaachisa.

Abbaan isaa guyyaa hundaa gara dalagaa/hojii/ yoo deeman itti gaafatamummaan guutuun Isheetuu kan kunuunsu haadhaaf kenname. Haadha Isheetuu hojiin mana keessaa waan itti baay'atuuf hanga xumuraniif mana ciisicha isaanii keessatti itti cufu. Maatiin guutuun Isheetuun wamaa hinbeeku jedhanii waan yaadaaniif isa wajjiin taphachuu hinfedhan. Isheetuu waliin deemu waan sodaataniif guyyaa tokkollee qabatani bahaniin iddoo bashannanaa yookiin iddoo biroo geessaniinii hin beekan.

Ollaan immoo ijoolleen isaanii akka Isheetuu waliin yoo taphatan dhukkubni kun itti darba jedhanii sodaatu. Kanaafuu ijoollee isaanii gara mana warra Isheetuu waliin akka hindeemne dhoowwamu. Innis gara mana isaaniitti akka dhiyaatu hin hayyaman. Kararraa kan ka'e maatiin Isheetuu hawaasummaa ollaa keessaa bahaniiru.

Hirmaattonni seenaa lamaan dhiyaate erga dubbisani booda tokkoon tokkoo garee gaaffilee armaan gadii akka deebisan taasisi.

1. Marii gareewwan hundaatii booda bakka bu'aan garee akka dhiheessuuf filatan daqqiqa saditti yaada cuunfaa isaa akka dhiheessan taasisi.
2. Ibsa keessatti yaanni dogongoraa yoo dhiyaate yeroo marii walii galaarratti odeeffannoofi yaada ijaarsaafi sirrii ta'e kennuu.
3. Miseensonni garee yaada dhiyaaterratti hirmaattonni lama yaada akka kennan yookiin gaaffii akka dhiheessan jajjabeessi.

Mariidhaaf gaaffilee hirmaattotaaf dhiyaatan

1. Muudannoo dhiyaate keessatti gufuulee maatii muudatan tarreessaa.
2. Akkaataa maatii muudannoo keessatti dhiyaate kanneen ijoollee isaanii haala kanaan guddisaa jiran jiruu? Jireenyi isaanii kanneeniin addaa?

### **Mari'achiisaa**

### **Keessa deebii/sakatta'uu/ Daqqiqa Shan**

Mariin booda maatiin hunduu akkaataa ijoollee isaanii itti guddisaniifi gufuulee adda dureen isaan muudachuu danda'an akkaataa yaadannoo kana keessatti dhiyaateen ergaa ijoo ta'e irratti xiyyeeffachuu qabu.

- Maatiin/Guddiftoonni ijoollee karaa barbaadaniin guddisuu yoo hindandeenye ka'umsa rakkoo sanaa barbaaduu qabu.
- Hiyyummaan ijoollee karaa barbaadaniin guddisuurratti gufuu guddaadha. Kanaafuu maatiin karaa galii adda addaa ittiin argachuu danda'aniif hojii barbaaduun maatii isaanii fayyummaaf haala mijataa isaanii eeguutu isaanirraa eegama.
- Daa'imman yeroo dhalataniirraa kaasani cinqamuufi booyuun kan mul'atu akka rakkootti kan baratame ta'ee rakkoo furamuu danda'uudha.
- Daa'imman amma dhalataniifi ijoollee xixiqqoo qofaa guddisuun ulfaataafi waan faallaa namatti ta'e mul'achuu danda'a. Kanarraa kan ka'e haadhooliin yaadaan dhiphachuun isaan muudachuu danda'a.



- Karaa maatiin barbaaduun daa'imman akka kanneen fedhan haatiifi abbaan bira taa'anii guddisuuf yeroo gahaa hinqabaatan. Kanarraa kan ka'e abbootiin rakkoo kana waan hinhubanneef dallanuu/dheekkamuu/ danda'u. Inni kunis haadhooliif gufuu itti ta'a.

### **Yaadannoo mari'achiisaaf**

Qophi mariif taasiftan keessatti yookiin yeroo marii keessatti yaanni olka'ee mul'ate boqonnaa kana keessatti hammachiisuuf yookiin irra deebiin ilaalamuu qaban yaada ijoo yaadannoo qabadhu. Yaadoni ijoo kunniin barruun kun yeroo itti aanutti cimsuuf nugargaara.

### **Kutaa Lammaffaa**

**Maatiin rakkoolee yeroo daa'imman guddisan isaan muudatu akkamitti jala darbuu danda'u?**

**Yeroon kennameef :- Daqiiqaa Jahaatama.**

#### **Mari'achiisaa**

Hirmaattota dadammaqsuuf maatiin rakkoolee/gufuulee/ yeroo daa'imman guddisan isaan muudatu akkamitti jala darbuun danda'amaa? Jedhamee haa gaafatamuu. Hirmaattonni lama qofti deebii akka kennaniif hayyamii deebii isaanii gabatee gurraacharratti barreessii haala itti aanu kanatti ibsa kennaafii.

Maatiin yeroo daa'imman guddisan gufuulee/rakkoolee isaan muudatan keessa darbuuf malleen isaan gargaaran/dandeessisan:-

#### **1. Gufuulee maatii galii gadi aanaa argatu muudachuu danda'an dandamachuu**

Fakkeenyaaf:-

- Hojii yeroo dabalataa hojjachuu
- Dhaabbilee IMX keessatti gurmaa'uu
- Qonna magaalaa keessatti hirmaachuu
- Maatiin qonnarratti bobba'an sanyii filatamaafi xaa'ootti fayyadamuu

#### **Mari'achiisaa**

Maatiin galii isaanii fooyyeffachuufi qarshii dabalataa fayyadamuuf fedhii isaanii guuttachuu danda’u. Galii fooyyeffachuuf malleen nu gargaaran tokko tokko haa ilaalluu.

- Maatiin baay’een hojii yeroo dabalataa hojjatu. Naannoo keessanitti yeroo hojii idileetiin alatti yeroo boqonnaatti dhaabbilee hojii itti argachuu danda’an barbaaduun yeroo dabalataa hojjachuun galii isaanii fooyyeffachuu nidanda’u.
- Maatiin dhaabbilee IMX keessatti gurmaa’anii qarshii argachuu nidanda’u. Haadhooliin IMX kana keessatti gurmaa’uun fakkeenyaaf biddeena qopheessaa gurguruun; akaayyii qopheessuun gurguraa galii argachuun akka danda’amu nibeekama.
- Magaalota naannolee keenyaa baay’ee keessatti qonni magaalaa madda galii dabalataa ta’ee gargaara. Maatiin hedduu iddoo gabaabduu qaban irratti lukkuu horsiisuu, yookiin beeylada gaafaa kanneen akka sa’aa, sangaa horsiisuufi furdisuun fi bu’aa isaan irraa argamu gurguruun galii dabalataa arrgachuun nidanda’ama. Ogeeyyii qonnaa hojii kana akkamitti eegaluu akka qaban gorsa argachuun nidanda’ama.
- Maatiin/Hawaasni baadiyaa jiraatu immoo galii isaanii fooyyeffachuuf sanyii filatamaa fi xaa’oo fayyadamuu ni danda’ama. Oomisha bifa kanaan dabalaa deemuun galii maatii sanaa waan dabaluuuf daa’immaniifi maatiin walii galaan fedhii isaanii guuttachuu nidanda’ama. Dabalataanis, waggaa guutuu oomisha walirraa hincinne kanneen akka fuduraafi muduraalee oomishuuf bishaan boollaa qotuun yookiin kan roobaa kuusuun nidanda’ama. Inni kun waggaa guutuu kuduraalee adda addaa oomishuun gurguraa galii isaanii guddifachuun nifayyada.

## 2. Qabeenya Uumamaa Xiqqoo Naannawatti Argamu Dandamachiisuu

Maatiin wanni kun ilaallaturratti bulchiinsa, ogeeyyii qonnaafi fayyaa dabalataan immoo barsiisota dubbisuun gorsa argachuu nidanda’u.

### **Mari’achiisaa**

Maatiin naannoo isaaniitti oomishni garagaraa faayidaa inni qabu hubachuu isaan barbaachisa. Muuxannoon sanyii qofa oomishuun kun geeddaramuu qaba. Maatiin fuduraaleefi muduraalee akkamitti oomishuun akka danda’amu leenji’uu qabu. Maatiin wanti kun ilaallatu hunduu bulchiinsa, ogeeyyii qonnaafi fayyaa akkasumas barsiisota naannawa isaanii jiran wajjiin dubbachuufi gorsa argachuu nidanda’u. Inni kun immoo maatiin ijoollee isaaniitiif kuduraalee gabaa oole osoo hintaane isa maasaa isaaniirraa murataa nyaachifachuu ni dandeessisa. Dabalataan lukkuu horsiisuun seeraan yoo qabatan hanqaaquufi foon lukkuu nyaachuu irra darbee madda galii olaanaa ta’ee tajaajila.

## 3. Beekumsa Dhabuun Gufuulee Dhufu Dandamachuuf Beekumsa Fooyyeeffachuu

### **Mari’achiisaa**

Maatiin kamuu karaalee itti aananii dhufan kanaan ijoolleef fayyaa, haala soorata, amalaa, nageenyaafi miidhaarraatti beekumsa qaban fooyyeeffachuu danda’u.

Fakkeenyaaf jecha:-

- Dhaabbilee fayyaa naannawa isaanitti argamu deemuun yookiin hojjattoota Ikistenshiinii fayyaa /Keellaa fayyaa/ mana manatti deema yeroo isaan barumsa kennan xiyyeeffannoon hordofuu
- Ogeeyyii fayyaa wajjiin mari’achuun haala nyaata daa’immanii barachuu
- Maatii ollaa isaanii jiru wajjiin mari’achuun muuxannoo waljijjiiruun faayidaa qaba. Fakkeenyaaf:- afooshaa, uqqubiifi kkf walgahii hawaasummaafi gufuulee gara garaa kaasanii mari’achuun nidanda’ama. Marii irratti maatiin tokko tokko yaada faayidaa qabu kaasuu nidanda’u
- Akka tasaa ta’ee yoo mijate barumsa daa’immanii, haala soorataa, nageenyummaafi eegumsa ilaalchisee raadiyoofi TVn qophii fayyaa irratti ergaa darban dhaggeeffachuufi ilaaluun bu’aa qabeessa.

#### 4. Gufuu hanqina yeroo dandamachuuf

##### **Mari'achiisaa**

Ijoollee isaa wajjiin yeroo dabarsuu yoo fedhan:-

Maatiin ijoollee isaanii wajjiin dubbachuuf yeroo nyaata nyaatanitti fayyadamuu nidanda'u.

Guyyaa hundaa ciree/bulteefi irbaata galgalaa ijoollee wajjiin nyaachuuf sagantaa

qopheeffachuudha. Guyyaa hundaa ijoollee keessan wajjiin mari'achuuf yeroo qabaachuu

keessan mirkaneeffachuu. Yeroon kun qulqullinaafi miira ijoollee hubachuuf carraa isiniif bana.

Yeroo kana ijoollee of eeggannoon sodaachisuuf itti hinfayyadaminaa. Irra caalatti yeroon kun

kan ijoolleef jaalalaafi jechoota babbareedaa fayyadamanii ittiin ofitti qabuun yeroo gaarii waliin

dabarsuu qaba. Inni kun ijoolleen jaalalli akka itti dhagahamuufi ofitti amantaa akka

gabbiifataniif fayyada. Karaa biroo immoo ijoolleen waa'ee fedhiifi rakkoo isaanii bilisa ta'anii

akka waliin haasa'an nijajjabeessa.

Dabalataan maatiin ijoollee isaanii wajjiin taphachuun irraa eegama. Ijoollee wajjiin taphachuun

saalfachiisaa miti. Faallaa isaatiin maatiin ijoollee waan baay'ee barsiisuu danda'an; ijoollee

irraas waan baay'ee barachuu danda'a. Ijoolleen maatii isaanii wajjiin hiriyyummaan yoo waliin

taphataniifi wal ilaalan yoo ta'e miira nama guddummaatu itti dhagahama. Ijoolleen ogummaa

isaanii maatitti agarsiisuu jaallatu. Maatiinis ijoolleen isaa hangam ogummaa kalaqaa akka qaban

ilaaluun yeroo taphaa rakkoolee isaan muudachuu danda'an furuun jajjabeessuu yookiin

deeggarsa gochuun irraa eegama.

**5. Haala ijoollee itti guddisan keessatti gufuulee dhiibbaa aadaa yookiin  
barmaatilee miidhaa geessisaniin dhufu dandamachuu**

**Mari'achiisaa**

Harmi haadhaa aannan gahaa yoo kennuu baateen ala hanga ji'a jahaatti daa'imman haara dhalataniifi daa'imman xixiqqoof nyaata dabalataa hinbarbaachisu. Bunaafi Caatiin akkasumas qaariboo/Xallaa/ fi haraqeen kanneen fakkaatan dhugaatii alkoolii daa'imman umrii kamirraayyuu jiraniif balaadha. Kanaafuu maatiin daa'immaniif kennuurraa of haa qusatani. Maatiin hawaasa keessa jiraatanitti daa'imman dubartoota ta'an gara mana barumsaa akka hindeemne barmaatilee hawaasa keessatti dhoowwan jiraachuufi dhabamuu isaa mirkaneeffachuu qabu. Daa'imman barsiisuun haala walii galaatiin fayyaa haadholii fooyyeessuufi gargaara. Dubartiin baratte yoo guddatte daa'imman kunuunsuu dandeessi. Dubartiin baratte yeroo ulfaa yaala da'umsaan duraa, yeroo da'umsaafi da'umsa booda hordoofuuf nidandeessi.

Abbootiin warraa haadholiifi daa'imman dubraa barachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu. Inni kun ulfa karooraan akka hordofaniif isaan gargaara. Dabalataan daa'imman dhalatan dhukkuboota akka HIV/AIDS fi kanneen biroo akka itti hindarbineef, fayyaafi qulqullinni gocha gaariin hawaasaafi maatii keessatti akka babal'atu taasisa. Barnoonni jireenya dubartii dhiibbaa aadaafi hawaasummaan irra gahe fooyyessuuf fayyada. Walumaaa galatti maatiin ijoollee dubartii barsiisuun daa'immaniifi fayyaa maatii fooyyessuuf fayyada.

**6. Sooranni daa'immanii gahaa yookiin kan hin barbaachifneefi hawaasni miidhaa daa'imman irra gahuuf hubannoon isaanii gadi aanaa kan ta'e; gufuu kana dandamachuu**

**Mari'achiisaa**

Maatiin waa'ee fayyaafi nyaata madaalamaa daa'immaniitiif beekumsi isaan qaban fooyyeffachuuf tattaaffiin godhan dalagaa guyyuu godhachuu qabu. Tokkoon tokkoon maatii waa'ee fayyaa isaaniif nyaata madaalamaa barbaachisu guddina qaamaafi jijjiirama amalaaf akkasumas nageenyummaa fi eeggumsa daa'immanii irratti beekumsa qaban fooyyeffachuun haala waliigalaa hawaasa sanaaf baay'ee barbaachisa.

Maatiin odeeffannoo kana ogeeyyii fayyaa irraa yeroo kennuun haala salphaa ta'een argachuu nidanda'u. Maatiin odeeffannoo barbaachisu yoo argate barmaatilee hinfayyanne dhiisuun beekumsa fayyaduun bakka buusuu nidanda'u. Kanaafuu maatiin hunduu ogeeyyii fayyaa, ogeeyyii qonnaafi barsiisota yeroon itti argatan jiraachuuqaba. Kunis hawaasni waa'ee nyaata daa'immaniif barbaachisu ilaalcha gadi aanaa qaban fooyyessuuf gargaara. Maatiin ogeeyyii fayyaarraa, ogeeyyii qonnaarraafi barsiisotarraa waliin mari'achuun waa'ee daa'imman fayya qabeessa ta'anii guddatan beekumsa argachuu danda'u. Inni kun wantoota daa'imman irratti dhalachuudanda'an kanneen akka miidhaa, maal nadhibeen salphisuu danda'a. Daa'imman akkamitti akka guddachuu qaban maatiin hubatee naannawaa daa'imman dandeettii gabbataa qaban itti gabbifatan uumuufiin ni danda'ama. Dabalataanis, miidhaafi maalnadhibdee daa'imman irra gahu akkamitti adda baasuufi eeruun akka danda'amu baratu. Inni kun dabaree isaatti walitti dhufeenya maatii fayya-qabeessa ta'an uumuuf gargaara.

## 7. Gufuu akkaataa fayyaa ofii itti eeggatan hubannoo gadi aanaa qaban dandamachuu

### **Mari'achiisaa**

Maatiin dhaabbilee fayyaa naannawa isaanitti argamurraa tajaajila karoorra maatii argachuun barbaachisaadha. Maatiin karoorra maatii bu'a qabeessatti fayyadame fayyaa haadholiifi daa'immanii fooyyeessuuf gahee olaanaa taphata. Dhaabbilee fayyaa fayyadamuun, ulfa haala hintaaneen ofirraa baasuu dhabamsiisuuf, ulfa walxaxaa ta'eef rakkoo yeroo da'umsaa salphisuuf, walirraa fageessanii dahuu akka hojiirra ooluuf, du'a haadholiifi daa'immaniif hanga danda'ameen salphisuufi kkf fayyada. Karoorra maatiitti fayyadamuun nama dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf guddina hawaasummaafi diinagdee fooyyeessuuf deeggarsa godha.

Kanaafuu, dhaabbilee fayyaatti fayyadamuun ulfa fayya qabeessa ta'e fayyaa daa'immaniitiif mijataa ta'uu isaa maatiitti himuun barbaachisa. Tajaajila dhaabbilee fayyaa irraa fayyadamuuf qarshii hinqaban taanaan bulchiinsa naannoo isaanii jiru irraa waraqaa qulqullinaafi bilisaan yaalamuu danda'an barreeffachuun dhaabbilee fayyaa kanneen kan mootummaa ta'an deemuun tajaajila argachuu ni danda'u.

## 8. Gufuu dadhabina qaama haadholii dandamachuuf fayyaa haadholiifi daa'immaniirratti hirmaannaa dhiiraa guddisuu.

### **Mari'achiisaa**

Daa'imman kan dhalatan tokkummaa maatiittiin akkuma ta'etti guddina isaaniitiifis maatiin waldeeggaruu qabu. Haa ta'uu malee, dhugaan jirtu kan mul'isu mana keessatti kan daa'imman guddisuu ba'aan guddaan kan baattu haadholii qofaadha. Biyya keenyatti dame fayyaa, barnootaafi dinagdee irratti garaagarummaan koorniyaa madaallii hinqabu. Haata'uuyyuu damee hunda keessatti hirmaannaan koorniyaa/dubartootaa/ jajjabeeffamus hawaasa keessatti dubartoonni hojii mana keessaa akka hojjattu eegama. Inni kun immoo haadholiin akka dadhabaniifi ulfaatina hojiirraa kan ka'een akka dhukkuba irratti kufan taasisa.

Dubartoonni deeggarsaafi hirmaannaa dhiiraatiin alatti walqixxummaa koorniyaa, sirna walhormaataafi fayyummaa mirkaneessuu hindanda'an. Dhiironni fayyaa haadholiifi daa'immaniirratti hirmaachuun sadarkaa olaanaa dadhabina haadholii salphisuu, akkasumas jireenya maatii walii galaa fooyyessuufi fayyada.

## 9. Rakkoo miiraafi amala maatii dandamachuu

### **Mari'achiisaa**

Haadholii da'umsaan booda kan mul'atu sad. giddu-galeessaan hanga sad. olaanaatti miirri gadduu, cinqamuufi dallanuun isaan muudachuu danda'a. Yeroo mucaa jalqabaa dahanii irraa jalqabee rakkoo sad. giddu-galeessaatti uumamuu haadholii baay'eerratti ni mul'ata. Yeroo tokko tokko haadholiin guutumaan guututti sadarkaa too'achuu hindandeenyetti akkasumas sad. daa'imman ofii kunuunsuu hindandeenyetti rakkoon olka'ee mul'ata. Haadholiin mallattoon rakkoo kanaa torbee lamaa ol irratti mul'ate dhaabbilee fayyaa yookiin Hospitaala irraa yaala argachuu qabu. Abbootiinis miirri rakkoo haadholiirratti mul'atu kun hojii isaaniirratti dhiibbaa geessisuu akka danda'u hubachuu qabu. Kanaafuu abbootiinis haadholiif deeggarsa cimaa gochuufii qabu.

Maatiin tokko tokko amala rakkisaa qabaachuu danda'u. Inni kunis daa'imman karaa seera qabeessaan akka hingaggeessineef gufuu ta'a. Murteessummaan abbootii yoo laafe, hirmaachuudhaaf fedhii yoo dhaban, mancaasaa, dhugaatiif yookiin qumaarii nitaphatan yoo ta'e jireenya maatii balleessa. Amalli kun gara diiggaa /gaa'ila/ geessisuufi jireenya daa'immaniirratti miidhaa geessisuu nidanda'a. Maatiin amala kana qaban marii maatii keessatti fooyyessuu yoo hindandeenye rakkoo gara firaa, olla, abbootii amantaafi gara mana seeraatti geessuun baratamee jira. Kana hunda godhamee yoo rakkoof fala yoo hinarganne maatiin ogeessa xiinsammuurraa deeggarsa argachuuf yaaluu qabu.



## 10. Haadha warraa/Abbaa warraa malee qofaa daa'imman guddisuun gufuu jiru

### dandamachuu

Mari'achiisaa

Haadha warraa/Abbaa warraa malee ijoollee qofaa kanneen guddisan kanneen biroo caalaa ijoollee isaaniif deeggarsa wantoota naannoo isaanitti argamu irraa nibarbaadu. Kanaafuu galii isaanii guddifachuufi deeggarsa argachuuf malleen gara garaatti fayyadamu. Dabalataan tajaajila ogeeyyii fayyaatiin kennamu nifayyadamu. Inni kunis Haadha warraa/Abbaa warraa malee maatii daa'imman qofaa isaanii guddisaniif faayidaa qaba.

Hawaasa keenya keessa amalli yeroo rakkoo waldeeggarruu aadaa bareedatu mul'ata. Kanaafuu, maatiin rakkoo isaan muudatuuf fira dhiheenyaarraa deeggarsa gaafachuuf saalfachuu hinqaban.

Haadha warraa/Abbaa warraa malee maatiin ijoollee guddisu; abbootii amantaa wajjiin mari'achuu nidanda'u. Dhaabbileen amantaa rakkoo daa'immanii hubachuun maatiin maatiin tajaajila afuura baafannaa akka argatu abbootiin amantaa deeggarsa kennuufii danda'u.

Kanaafuu, maatiin ijoollee kana guddisu xiqqoo boqonnaa akka argatuuf fira dhiheenya jirutti guyyaa tokkoof lamaaf akka gargaaran gaafachuu nidanda'u. Maatiin boqonnaa yoo argate rakkoo dandamachuuf cimaa ta'u. Kanaafuu boqonnaan maatiif baay'ee barbaachisaadha.

### 11. Rakkoo fayyaa ulfaataa daa'imman qaban yoo hinfuraminiif gufuu kana dandamachuu

**Mari'achiisaa**

Oggeeyyii fayyaa wajjiin ta'uun rakkoolee isaanii kana wajjiin mari'achuun yaalaafi kunuunsa isaan barbaachisu barachuufi yoo isaan balleessan; situ akkas godhe jedhanii itti himuu(komachuu) yookiin arrabsuu yookiin abaarachuu irra jaalala itti mul'isanii of too'achuu, akka danda'an gochuun dogongora uuman ofii akka isaan sirreessan gochuun barsiisuu barbaachisa. Abaarachuufi komachuun rakkoo yoo babal'ise malee hinbarsiisu. Sababni isaa akkaataan inni kun itti dhiyaatu caalatti abdii isaan kutachiisa yookiin dukaakii keessa akka seenuuf yookiin "lola/Jeeqaa/" akka ta'an isaan taasisa.

Ijoollee guddinni sammuu isaanii sad. olaanaa duubatti kan hafeen kan miidhaman yoo hintaane gochoota muraasa akka isaan raawwatan gargaaruu nidanda'ama. Daa'imman yoo guddatan waan tokko ofii isaaniitiin raawwachuu yoo danda'an nama guddummatu itti dhagahama. Inni kunis ofdanda'anii soorachuu, uffachuufi mana fincaanii deemanii qulqullaa'uu jalqabuu nidanda'u.

## 12. Ijoollee deeggarsa qaama biroo barbaaduu

Mari'achiisaa

Ijoolleen yeroo hundaa jireenyi maatii isaanii rakkisaa yoo itti ta'e gargaarsa qaama biroo yoo argatan hojii fooyya'e hojjachuu nidanda'u. Gargaarsa kanneen taasisan akkayoo, hiriyyoota maatii, yookiin barsiisota ta'uu danda'u. Ijoolleen yoo guddatan hiriyyoota isaaniirraa deeggarsa tokko tokko gochuufii danda'u. Maatiinis deeggarsa ogummaa barbaaduu danda'u. Kanaafuu ijoolleen waa'ee rakkoo isaanii ogeeyyii adda addaa wajjiin mari'achuun fayyaduunii akka danda'u beekuu qabu.

## 13. waa'ee miidhaafi adabbii daa'immanirratti hubannoo gadi aanaa ollaa bira jiru

### dandamachuu

**Mari'achiisaa**

Maatiin ijoollee isaanii hoogganuuf iddoo itti rakkatanitti yookiin mana barumsaa ijoollee irratti miira aariitiin yookiin adabbiin qaamaa irra deddeebiin irratti kan raawwatan yoo ta'e rakkoo kana ollaa yookiin barsiisota wajjiin miira walitti dhiheenyatiin mari'achuu qabu. Kanas raawwataniin rakkoon kan itti fufu yoo ta'e maatiin dhimmicha gara qaama bulchiinsa naannoo isaanii yookiin poolisiif yookiin gara ogeeyyii fayyaa geessuun irratti haasa'uu qabu. Qaamni kun hawaasa ollaa yookiin barsiisota barsiisuu nidanda'u.

Ollaan yookiin barsiisonni daa'imman sirreessuu nidanda'u. Haa ta'uu malee badii ijoollee karaan ittiin sirreessan barmaatilee miidhaniin irratti hundaa'ee karaa sirrii hintaaneen ta'uu danda'a. Ilaalchi kun barnootaan jijjiiramuu danda'a. maatiin ijoollee isaanii kan "tuman" yookiin kan qunxuuxaniif miidhuuf yaadaniin osoo hintaane amala gaarii barsiisuuf yaadaniin ta'a. haa ta'uu malee adabbiin qaamaa faayidaa irra miidhatu caala. Kanaafuu dullaan/haarcummee/ irra gufuu kana eyyentaan malleen ittiin barsiifnee sirreessuu dandeenyuun hiikuun nidanda'ama.

## 14. Itoophiyaatti deeggarsi tarsiima'aan barnoota ga'eessotaa jiraachuu dhabuun gufuu

### jiru dandamachuu

#### **Mari'achiisaa**

Rakkoon tokko tokko human maatiiti ol ta'uun isaanii nibeekama. Kanaafuu maatiin bulchiinsa naannoo isaanii jiru; manneen barnootaa; waajjiraalee fayyaafi qonnaa jiran barnoota ga'eessotaa akka kennaniif yookiin tarsiimichaan akka isaani deeggaran gaaffii dhiheessuun sochoosuu nidanda'u. Qaamni bulchiinsa naannoo sanatti argamu qaamota nageenya daa'immaniirratti hojjachuuf socho'an dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa wajjiin haasa'uun barnoota ga'eessotaa kennamurratti haala mijeessutu irraa eegama.

Maatiin deeggarsa barbaaduun cinatti rakkoolee walfakkaataa naannoo isaanii jiru ofii isaaniitiin mari'achuun walgargaaruu danda'u. barnoonni maatii, maatiin iddoo muuxannoo itti waljijjiiru, rakkoo isaan muudatu akkamitti qabachuufi hiikuu akka danda'anitti ogummaafi yaada haara akka barataniif gargaara.

### **Marii yeroo darbee keessa deebi'uu (Daqiiqaa Shan)**

Hirmaattota marii kanaatiif gaaffilee dhiyaatan.

Hirmaattota sadi yaadota ijoo ta'an marii yeroo keessaa akka yaadachiisan gaafachuu.

1. Yeroo darbe kanneen irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Adeemsa daa'ima guddisuu keessatti rakkoolee manaafi ollaa keessanitti isin muudatan adda baastanii?
3. muuxannoo keessan ollaa keessaniif hawaasa naannootiif qooddani/barsiiftanii?

## Shaakala Qabatamaa

1. Hirmaattonni garee saditti akka qoodaman itti himi.
2. Tokkoo tokkoo gareetiif barruu seenaa gaggabaabduu qabu dubbisuun muudannoo irratti mari'atanii akka deebisan gochuu.
3. Hirmaattota marii kanaa keessaa namoota qaboo yaa'ii qaban filachiisuun yaada/deebii hirmaattonni biroo kennan qabuun akka gabaasan itti haa himamuu.
4. Tokkoon tokkoo marii garee irratti namoonni baratan akka jiran ibsuu. Hirmaattota keessaa yaada ijoo kan barreessuuf hirmaattota hundaaf namoota dhiheessan filachiisuun deebii hirmaattotaan deebi'an akka gabaasu gochuu.
5. Hirmaattonni hunduu muudannoo dhiyaaterratti xiyyeeffachuun marii irratti hirmaannaa hoo'aa akka taasisaniif akkasumas gaaffilee dhiyaataniif deebii akka kennan gochuu.

### Seenaa Tokkoffaa:- Maatii Immabeetiifi Gooftaa

Aadde Immabeetiifi Obboo Gooftaan qonnaan bulootaa ciccimoodha. Aadde Immabeetiifi Obboo Gooftaan ijoollee lama qabu. Daa'imti jalqabaa Biiftuu yoo jedhamtu umriin ishee waggaa shaniidha. Isheen lammaaffaan immoo Tsahaay yoo jedhamtu umriin ishee waggaa sadiidha. Aadde Immabeetiifi Ob/Gooftaan kan jiraatan magaalarraa fagaataniiti. Naannoo isaanii Boqqolloo, dinnichaafi raafuu maraa qofatu oomishama. Kanaafuu muduraafi kuduraalee gara garaa bitachuuf sa'aatii jaha miilaan deemanii gabaa dhaqu. Daandii gabaa immoo konkolaataaf mijataa waan hintaaneef miilaan deemu. Yeroo roobaa lagnii waan guutuufi lolaan waan uumamuuf gabaa deemuuf baay'ee rakkisa. Kanarraa kan ka'e yeroo gannaa ji'a lamaaf maatii isaanii kan nyaachisan daabboo daakuu boqqolloo irraa tolfameefi raafuu maramaa yookiin shiroo dinnichaarraa tolfameen.

Aadde Immabeetiifi Ob/Gooftaan erga walgahii gandaarratti hirmaatani booda hojii isaanii babal'ifatanii galii isaanii akkaataa itti guddifataniif odeeffannoo argataniiru. Isa kanaas, qarshii waldaa liqiifi qusannoo irraa liqeeffatanii hojjachuun akka danda'amu barataniiru. Yeroo hundaa walgahii gannaa irratti argamuun barnoota ogeeyyii fayyaatiin kennamuun gargaaramuun fayyaa maatii isaanii kunuunsuu barataniiru.

Aadde Immabeetiifi Ob/Gooftaan qarshii liqeeffataniin suuqii xiqqoo banachuuf murteessaniiru. Suuqii isaanii keessa, ashaboo/sooqidda/, sukkaara, buna, saamunaafi kanneen biroo meeshaalee dhumaagurguruuf karoorsan. Aadde Immabeeti bu'aa daldala kanarraa argattuun lukkuu bittee horsiisuu barbaaddi. Lukkuu horsiisuurraa kanneen argatan hanqaaquu ijoollee isheetiif nyaata akkasumas lukkuu gurguraa qarshii akka argatan ni amanu. Maatiinis yeroo hundaa barumsa ogeeyyii fayyaatiin kennamu hordofuu eegalaniiru.

Obbo Gooftaan ijoollee adabuun/tumuun amala gaarii akka baratan kan hin fayyadne ta'uu isaa ogeeyyii fayyaa irraa baree jira. Mariin ogeeyyii fayyaa waliin taasise irraa immoo marii maatii waliin taasifamu irratti ijoolleenis akka hirmaataniif hayyamuufi jajjabeeffamuu akka qaban barataniiru.

### **Seenaa Lammaffaa:- Maatii Isheetuu**

Aadde Caaltuufi Ob/Hayiluun ijoollee Isheetuufi Birqee jedhaman lama qaban. Isheetuun ijoollee waggaa jahaa yoo ta'u; Birqeen immoo ijoollee waggaa afuriiti. Isheetuun waggaa sadirraa eegalee dhukkuba gaggabdoowajjiin rakkataa jiraata. Akka aadaa baratamaatti dhukkubni kun dhukkuba seexanaa(abaarsaan) akka dhufutti amanu. Maatiin Isheetuu yeroo baay'ee gara mana yaalaa qoricha aadaa itti kennan geessanii qoricha argatus ammas irraa dhaabbachuu hindandeenye. Isheetuun sababa irra deddeebiin kufuuf mataafi fuulli isaa madaa akka ta'etti jira.

Maatiin Isheetuu ollaa isaanii wajjiin barumsa ogeeyyiin fayyaa kennanirratti hirmaachuuf walgahanii turan. Mariirratti maalummaa dhukkuba gaggabdoowajjiin dubbachaa turan. Aadde Caaltuun guyyaa kanarraa eegaltee ollaa isaanii wajjiin walii galuu eegalaniiru. Ollaa ishee bunaaf yaamuu eegaltee jirti. Isaanis buna dhuguuf gara ollaa isaanii ni deemu.

Guyyaa tokko,aadde Caaltuun, ollaa ishee wajjiin haala Isheetuu kaasanii mari'atu. Hiriyyoota ishee keessaa takka Isheetuu gara mana yaalaa osoo geessitee ogeeyyiin ilaalanii qoricha kennuufii akka danda'an itti himte. Hiriyyaan biroo immoo ijoolleen koo waan guddataniif yoo hojjiin itti baay'ate Isheetuu akka eegduuf itti himte. Ollaa ishee keessaa kan biroo dhukkubni Isheetuu fayyuu kan danda'u dursa ka'umsa rakkoo beekuuf seexana/abaarsa kana ofirraa fageessuuf mana amantaa geessuu akka qabdu itti himte.

### **Mari'achiisaa**

- Hirmaattonni marii kanarratti hirmaatan seenaa lamaan gubbatti dhiyaate erga dubbisanii booda tokkoon tokkoo garee gaaffilee gaditti tarreeffaman deebii haa kennanii.
- Tokkoon tokkoo bakka bu'aa gareetiin daqiiqaa shan keessatti yaada ijoo marii isaanii akka dhiheessan taasisi.
- Ibsa keessatti yaanni dogongoraa yoo dhiyaate odeeffannoo sirrii ta'e kennuun sirraa eegama.

### **Gaaffilee hirmaattota marii kanaatiif dhiyaatan**

1. Seenaa tokkoffaa keessatti maatii dhiyaatan gufuuleen isaan mooyachuu danda'an maal maalfa'i?
2. Seenaa lammaffaa keessatti kan dhiyaate yaanni malleen rakkoo ittiin furan olloonni lamaan aadde Caaltuuf dhiheessan giddutti faayidaafi miidhaan inni qabu maali?
3. Rakkoo Aadde Caaltuu furuuf filannoon biroo itti fayyadamuu dandeessu maalfa'i?
4. Seenaa lammaffaa keessatti maatiin dhiyaatan gufuuleen moo'achuu qaban maalfa'i?

### **Mari'achiisaa**

#### **Keessa deebii/madaallii/ :- daqiiqaa shan**

Gaaffileen madaalliif dhiyaatan guyyaa sanatti hangam akka baratan madaaluuf kan dhiyaatan malee isaan qoruuf akka hintaane ibsamuufii qaba. Kanaafuu hirmaattonni gaaffilee armaan gadii ilaalchisee yaada isaanii fedhiidhaan akka ibsan jajjabeessi.

- Maatiin jireenya gadi aanaa keessatti argaman ijoollee guddisuurratti gufuulee isaan muudatan furuuf ogummaan itti fayyadamuu danda'an maal maal fa'i?
- Ijoollee dhukkuba gaggabdoo qaban maatiin rakkoo kana furuuf wanti gochuu qaban maalfa'i?

## Ergaalee Ijoo (Daqiiqaa Shan)

### **Mari'achiisaa**

Ergaalee ijoo tana hirmaattotaaf dubbisaa.

- Adeemsa ijoollee guddisuu keessatti rakkoolee muudatan furuuf ollaafi maatii wajjiin marii gaggeessuun faayidaa qaba.
- Adeemsa ijoollee itti guddisanirratti yaanni yaanni yoo waljalaa isin harkaa make yookiin itti amanuun ka isin dhibu yoo ta'e ollaa yookiin barsiisota yookiin ogeeyyii fayyaa naannoo keessanitti argamanirraa deeggarsa gaafatanii argachuuf shakkuu hinqabdan.
- Ijoollee keessanirra rakkoon wayii nijira jettanii yoo shakkitan dursaatii deeggarsa ogeessaa gaafadhaa. Rakkoon dursee yoo adda bahee beekame furmaanni isaa baay'ee salphaadha.
- Maatiin ofii isaaniitii mari'achuun ijoollee sadarkaa olaanaatti rakkoo fayyaa qabaatan maatii sana gargaaruun dhiibbaa isaa walirraa qooddachuun faayidaa qaba.
- Maatiin ijoollee rakkoo qaban kunuunsuuf yeroon ramadan maatii hafan kanneen biroof kennaniifi kan ofii isaanii itti fayyadaman walmadaalchisuu qabu.
- Adeemsa ijoollee guddisuu keessatti rakkoolee isin muudatan furuuf carraaqqiin isin taasifan yeroo hundaa itti gammaduufi isinitti dhagahamuu qaba. Ofis kunuunsuu hindagatinaa.